| | |
|---|---|
| Waggaa 10^ffaa ................. Lak. 4<br>10ኛ ዓመት ............................ ቁጥር 4<br>10th year ...........................No. 4 | Adaamaa, Onkoloolessa 18/1994<br>አዳማ፣ ጥቅምት ፲፰ ቀን ፲፱፻፺፬<br>Adama, October 28th 2001 |

# MAGALATA OROMIYAA

# መ ገ ለ ተ ኦ ሮ ሚ ያ

# MEGELETA OROMIA

| | | |
|---|---|---|
| Gatiin Tokkoo ........... 6·30<br>የንዱ ዋጋ ........................."<br>Unit Price. ......................." | Too'annaa Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe<br>በኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ም/ቤት ጠባቂነት የወጣ | Lakk. S. Poostaa ......... 101769<br>የፖ·ሣ·ቁጥር ....................."<br>P.O.Box ........................." |




*Dambii Lakk. 26/1994*
*Waajjira Projeektii Baankii Hojii Gamataa Oromiyaa Hundeessuuf Dambii Bahe*

1. *Mata Duree Gabaabaa*
   *Dambiin kun "Waajjira Piroje-ektii Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa Dambii Hundeess-uuf bahe Lakk. 26/1994" jedh-amee waamamuu ni danda'a.*
2. *Abbaa Taayitaa Baase*
   *Manni Maree Bulchiinsa Moo-tummaa Naannoo Oromiyaa akkaataa heera Mootummaa Naannoo keewwata 55(6) tiin dambii kana baaseera.*
3. *Hundeeffama.*
   *Waajjirri pirojeektii Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa (kana booda "Waajjira" jedhamee kan waam-amu), qaama namummaa kan qabu Waajjira Mootuummaa ta'ee dambii kanaan hundeeffam-eera.*



ደንብ ቁጥር ፳፮/፲፱፻፺፬ ዓ·ም
የኦሮሚያ ሕብረት ሥራ ባንክ ፕሮጀክት ጽ/ቤት ለማቋቋም የወጣ ደንብ

፩· አጭር ርዕስ
ይህ ደንብ የኦሮሚያ ሕብረት ሥራ ባንክ ፕሮጀክት ጽ/ቤት ማቋቋሚያ ደንብ ቁጥር ፳፮/፲፱፻፺፬ ዓ፡ም ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል።

፪· አውጪው ባለስልጣን
የኦሮሚያ ክልላዊ መስተዳድር ምክር ቤት በኦሮሚያ ክልል ሕገ መንግሥት አንቀጽ ፶፭/፮/መሠረት ይህን ደንብ አውጥቷል።

፫· ስለመቋቋም
የኦሮሚያ ሕብረት ሥራ ባንክ ፕሮጀክት ጽ/ቤት (ከዚህ በኋላ ጽ/ቤት እየተባለ የሚጠራ) የሕግ ሰውነት ያለው የመንግሥት መስሪያ ቤት ሆኖ በዚህ ደንብ ተቋቁሟል።



*REGULATIONS No. 26/2002*
*OROMIA COOPERATIVE BANK ESTABLISHMENT REGULATION*

1. *Short Title*
   These reulations may be cited as "the Oromia Cooperative Bank Establishment Regulation No. 26/2002".
2. *Issuing*
   These Regulations are issued by the Regional Administrative Council of Oromia pursuant to Articles 55(6) of the constitution of the Oromia Regional State.
3. *Establishment*
   There is here by established the Oromia cooperative Bank Project Office (here in after the office) by these Regulations.

4. Waajjira Ol'aanaa
Teessoon Waajjira Ol'aanaa Finfinnee ta'ee akka barbaachisummaa isaatti oromiyaa keessatti bakka kamittuu damee manneetii hojii qabaachuu ni danda'a.
5. Kaayyoo
Waldootiin Hojii Gamtaa, qaamoleen adda addaa fi namootiin dhuunfaa walitti dhufanii Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa, akka dhaabbatanu haala mijeessuufi gurmeessuu.
6. Gurmaa'ina
1. Itti waamamni Waajjirichaa Waajjira Ol'aanaa Gamtaawina Uummataatiif ta'a.
2. Pirezidaantii naannichaatiin dhiyaatee mana maree Bulchiinsa Mootummaatiin kan muudamu hojii adeemsisaa tokkoo fi,
3. Hojjettoota barbaachisanu ni qabaata.
7. Aangoofi Hojii Waajjirichaa
Waajjirichi aangoo fi hojiilee kanatti aananu ni qabaata:
1. Biiroo Baballina Waldaa Hojii Gamtaa wajjin atoomuudhaan;
a) Waldootii Hojii Gamtaa, qaamolee adda addaa fi namoota dhuunfaa walitti fiduu fi galmeessuudhaan fedhii isaaniitiin Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa akka dhaabanu haala ni mijeessa.
b) Barreeffama hundeessaa, seera ittiin bulmaataa fi kan biroo eeyyama Baankii Hojii Gamtaatiif qopheeffatanii eeyyamaaf akka dhiyeeffatanu gargaarsa ni godha.
c) Eeyyama seerummaa Baankii Hojii Gamtaa qaama ilaalu irraa argachuun akka danda'amu qophii barbaachisu ni xumura.
d) Baankii hojii Gamtaa dhaabuuf kan barbaachisu hojii kennamuuf hunda ni hojjeta.
2. Baankii hojii Gamtaa Oromiyaa dhaabuu kan isa dandeessisu qorannaa ni adeemsisa, karoora yeroo dheeraa fi gabaabaa ni baasa, ni raawwachiisa.
3. Raawwii hojii isaa ilaalchisee ji'a sadi sadiin itti waamamaa isaatiif ni gabaasa.
4. Kaayyoo isaa galmaan gahuuf kan isa dandeessisu hojii dabalataan kennamuuf ni raawwata.

፬· ዋና መሥሪያ ቤት
የጽሕፈት ቤቱ ዋና መሥሪያ ቤት ፊንፊኔ ሆኖ እንደ አስፈላጊነቱ በኦሮሚያ ውስጥ በማናቸውም ቦታ ቅርንጫፍ መሥሪያ ቤቶች ሊኖሩት ይችላል።
፭· ዓላማ
የሕብረት ሥራ ማህበራት፣ የተለያዩ አካላትና ግለሰቦች የኦሮሚያ ሕብረት ሥራ ባንክ ማቋቋም እንዲችሉ ማሳሰብና ሁኔታዎችን ማመቻቸት።
፮· አደረጃጀት
ጽሕፈት ቤቱ፣
፩· ተጠሪነቱ ለኦሮሚያ የሕዝብ አደረጃጀት ጠቅላይ ጽሕፈት ቤት ይሆናል፤
፪· በክልሉ ፕሬዚዳንት አቅራቢነት በመስተዳድሩ ምክር ቤት የሚሾም አንድ ዋና ሥራ አስኪያጅና፤
፫· የሚያስፈልጉት ሰራተኞች ይኖሩታል።
፯· የጽሕፈት ቤቱ ሥልጣንና ተግባር
ጽሕፈት ቤቱ የሚከተሉትን ሥልጣንና ተግባራት ይኖሩታል።
፩· ከኦሮሚያ ሕብረት ሥራ ማሕበራት ማደራጃ ቢሮ ጋር በመተባበር
ሀ) የሕብረት ሥራ ማሕበራት፣ የተለያዩ ተቋማትና ግለሰቦች ተሰባስበው የኦሮሚያ የሕብረት ሥራ ባንክ እንዲያቋቁሙ የተመቻቸ ሁኔታን መፍጠር፤
ለ) የባንክ ሥራ ፈቃድ ለማግኘት የሚያስችሉትን የመመስረቻ ጽሑፍ፣ የመተዳደሪያ ደንብ እና ሌሎች ዝግጅቶች ተጠናቀው ለፈቃድ ጥያቄ እንዲቀርቡ አስፈላጊውን ዝግጅት መፈጸም፤
ሐ) የባንክ ሥራ ፈቃድ ከሚመለከተው አካል ለማግኘት የሚያስፈልገውን ዝግጅት ሁሉ ማጠናቀቅ፤
መ) የሕብረት ሥራ ባንኩን ለማቋቋም አስፈላጊ ሆነው የሚሰጡትን ሥራዎች ሁሉ መሥራት።
፪· የኦሮሚያ የሕብረት ሥራ ባንክን ለማቋቋም የሚያስችሉትን ጥናቶች ያዘጋጃል፣ የአጭርና የረጅም ጊዜ መርሃ ግብር ያወጣል፣ ተግባራዊ ያደርጋል።
፫· የሥራውን አፈፃፀም በተመለከተ በየሶስት (፫) ወሩ ለበላይ ሪፖርት ያቀርባል።
፬· ዓላማውን ለማስፈፀም እንዲችል በተጨማሪ የሚሰጡትን ተግባሮች ያከናውናል።

4. *Head Office*
It shall have its head office at finfine and also it may have branch offices at different places in oromia.
5. *Objective of the office*
The purpose for which the office is established is to facilitate the establishment of Cooperative Bank of Oromia by bringing together cooperatives, other bodies and individuals.
6. *Organization of the Office*
The office shall
1) be accountable to the Supreme Office for Mass organizational Affairs.
2) have a General Manager appointed by the Cabinet upon the recommendation of the President - of - the - Regional Government.
3) have the necessary staff.
7. *Powers and Duties of the Office*
The office shall have the following functions:
1) In Cooperation with Cooperative Development Bureau of Oromia
(a) Brings together and registers cooperatives and other bodies and individuals willing to establish the Cooperative Bank of Oromia and facilitate same:
(b) Assist preparation of memorandum, articles of association and other documents necessary for licensing of the bank.
(c) Finalize the procedures required for obtaining the Banking License.
(d) Undertake any assignment given to it pertaining to the establishment of the Cooperative Bank.
2) Undertake the necessary studies for the establishment of the Bank, draw up short and long term work programmes and implements same.
3) Prepare and submit a Quarterly Report on its activities to the Supreme Office of Mass Organizational Affairs of Oromia.
4) Undertake any additional activity assigned to it for the purpose of fulfilling its objectives.

8. *Aangoo fi hojii Hojii adeemsisaa Ol'aanaa*
Hojii adeemsisaan ol'aanaa dambii kana keewwata 7 jalatti Waajjirichaa aangoo fi hojii kenname raawwatuu irratti dabalatee hojii kanatti aanu ni raawwata.
   1) Dambii kanaa fi Waajjira Ol'aanaa Gamtaawina ummataatiin qajeelfama kennamuuf hordofuudhaan hojii waajjirichaa fi bulchiinsaa gagggeessuuf itti gaafatamaa ta'a.
   2) Waajjiricha ni gurmeessa, hojjatoota ni qaxara, ni bulcha.
   3) Maallaqa Waajjirichaa Baankiitti ni galcha, mallattoo isaatiin ni sochoosa.
   4) Maqaa Waajjirichjaatiin waliigaltee ni seena.
   5) Waajjiricha bakka bu'ee ni himata, ni himatama yookiin abukaatoodhaan dhimmi waajjirichaa akka hordofamu nitaasisa.
   6) Hojii Waajjirichaa raawwachiisuuf aangoo isaa irraa qoodee itti gaafatamtoota waajjirichaatiif bakka bu'ummaadhaan ni kenna.
9. Baajata Waajjirichaa
Waajjirichi baajata isa barbachisu Mana Maree Bulchiinsa Mootummaatiif dhiyeessee ni hayyamsiifata.
10. Yeroo Turtii Waajjirichaa
Waajjirichi Baankiin Hojii Gamtaa Oromiyaa hayyama hojii baankii seerummaa qabu yammu argatu kan diigamu ta'a.
11. Yeroo Dambiin Kun itti ragga'u
Dambiin kun Caamsaa 29 bara 1994 irra kaasee kan ragga'u ta'a.

Finfinnee Caamsaa 29/1994

Juneeydii Saaddoo
Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa

፰· <u>የዋናው ሥራ አስኪያጅ ስልጣንና ተግባር</u>
ዋናው ሥራ አስኪያጅ በዚህ ደንብ አንቀጽ ፯ ስር ለፅሕፈት ቤቱ የተሰጡትን ስልጣንና ተግባራት ከማከናወን በተጨማሪ የሚከተሉት ተግባራት ይኖሩታል።
   ፩· በዚህ ደንብና በኦሮሚያ የሕዝብ አደረጃጀት ጠቅላይ ፅሕፈት ቤት የሚሰጠውን መመሪያ በመከተል የጽሕፈት ቤቱንና የአስተዳደሩን ሥራ በኃላፊነት ይመራል።
   ፪· ፅሕፈት ቤቱን ፡ ያደራጃል፤ ሠራተኞች ፡ ይቀጥራል ፡ ያስተዳድራል።
   ፫· የፅሕፈት ቤቱን የባንክ ሂሳብ ይከፍታል፤ በፊርማው ያንቀሳቅሳል።
   ፬· በፅሕፈት ቤቱ ስም ይዋዋላል።
   ፭· በፅሕፈት ቤቱ ስም ይከሳል፡ ይከሰሳል፤ ወይም ጉዳዩን በነገረፈጅ ይከታተላል።
   ፮· የፅሕፈት ቤቱን ተግባር ለማስፈፀም ከስልጣኑ ከፍሎ ለድርጅቱ ኃላፊዎች ውክልና ይሰጣል
፱) <u>የጽሕፈት ቤቱ በጀት</u>
ጽሕፈት ቤቱ የሚያስፈልገውን በጀት ለክልሉ መስተዳድር ምክር ቤት አቅርቦ ያስፈቅዳል።
፲) <u>ጽሕፈት ቤቱ የሚቆይበት ጊዜ</u>
ጽሕፈት ቤቱ የኦሮሚያ ሕብረት ሥራ ባንክ ሕጋዊ የባንክ ሥራ ፈቃድ ሲያገኝ ይፈርሳል።
፲፩) <u>ደንቡ የሚፀናበት ጊዜ</u>
ይህ ደንብ ከግንቦት ፳፱ ቀን ፲፱፻፺፬ ዓ·ም· ጀምሮ የፀና ይሆናል።

ፊንፊኔ ግንቦት ፳፱ ቀን ፲፱፻፺፬ ዓ·ም

ጁኔይዲ ሳዶ
የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት መስተዳድር ፕሬዝዳንት

8. *Powers and Duties of the General Manager*
The General Manager. along with implementing functions of the office enumerated under Article 7 here of, shall have the following powers and duties.
   1). Without limiting the generality of directions giving to the General Manager in this regulations and by the Supreme office of Mass Organizational Affairs of Oromia. he shall be responsible to direct the operation and administration of the office.
   2). Organize the office, employ or terminate employment contracts.
   3) Open and operate Bank accounts in the name of the office.
   4) Enter into contract on behalf of the office and;
   5) Sue or be used on behalf of the office or handle the suit through attorney.
   6) Delegate his authority to officers of the office .
9. *Budget*
The office shall submit to the Regional Council for approval, the budget it requires for its operations.
10. Duration of the Office
The office shall be abolished when the Cooperative Bank of Oromia obtains its legal license to carry out Banking Operations.
11. Effective Date
These Regulations shall come into force as of the 6[th] day of June 2002.

Done at Finfine this 6[th] day of June, 2002.

Junedi Saddo
President of the Regional Government of Oromia.